



Xiinxala Ergaa Geerarsa Dinagdee Oromoo Jimmaa Jaawwii

Dajanee Galataa^{1*}, Taddasaa Jaallataa^{2*}, Guddataa Abdiisaa^{3*}

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa	Article Information
<p><i>Kaayyoon qorannoo kanaa ergaa geerarsa dinagdee Ilmaan Jimmaa Jaawwii Maccaa kan aanaa Jimmaa Gannatii jiraatan xiinxaluun addeessuudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uufis Aanaa Jimmaa Gannatii deemuun mala akkayyoofi darba dabarsoon Gandoota aanaa kana keessaa tokko kan taate Ganda Adileeqaa Tulluu Caalii irraa tooftaa funaansa ragaalee daawwannaa, afgaaffiifi marii gareen ragaaleen walitti qabame. Qorannoon kun dhiyaatina Sanyabsaa, gosa beekumsaa (Paaradaayimii) ijaarsa hawaasummaafi yaadiddama haalawaa (Contextual theory) fayyadamuun kan geggeeffame yoo ta'u; ragaaleen mala akkamtaan xiinxalaman. Argannoon qorannoo kanaas dargaggeessi tokko osoo hinfuudhiin dinagdeedhaan ofdanda'uun akka barbaachisu mul'isa. Kunis dargaggeessi fuudhuu barbaadu tokko fuudha dura mana keessa jiraatu ijaarrachuu, midhaan yoo maatii horatu nyaatan olkaa'uufi ogummaa qonnaa qabaachuu akka qabu agarsiisa. Akkasumas, namni hojiitti cimaa hintaaneefi hiyyummaa injifachuu hindandeenye hawaasa naannoo isaan akka tuffatamu, qorqalbiifi hariiroon inni hawaasa waliin qabu mul'isa. Kana malees hiyyummaan carraa osoo hintaane hojjechuu dhabuu irraa akka dhufuufi namni hojjete kamuu hiyyummaa keessaa ba'uu akka danda'amu agarsiisa. Dabalataanis namoonni sooreyyiin kanneen ogummaa meeshaalee qonnaa qopheeffachuu danda'an, yeroon qonnaa qonatanii haramaa sirnaan haramatanii hanga midhaan sun manatti galutti cichoominaan hojjatan akka ta'aniifi namoonni dinagdeen laafoo ta'an kanneen hojii hinhojjene, ogummaa meeshaa qonnaa qopheeffachuu hinqabne, yeroon haramaa hinharamne itti fufiinsa kan hincarraaqne tokko hojjetee kaan hanqisu akka ta'e agarsiisa. Kana malees, geerarsa kana keessatti dhiibbaa sirni garboonfataa Oromoon Maccaa irraan ga'eefi sun ammoo hiyyummaaf akka isaan saaxile geerarsaan ergaa dabarfatu. Kanarraa kan ka'e, Oromoon hiyyummaafi gadadoof akka saaxilame; hiyyummaan kabaja namummaa kan namarraa muulqutu diina guddaa ilma namaa akka taateefi Oromoonis sababa hiyyummaa kabajaafi ulfina dhabee qe'ee isaatti salphatee jiraachaa akka tureefi rakkoon sun ammas akka jiru agarsiisa. Akkasumas, Lafa Oromoo akaakileen abaabileen aarsaa guddaa itti kaffalanii abbootii dhaalchisan; abbootiin ijoollee isaanii daddabarsaa har'a geessisan bulchiinsi yeroo ammaas gibira qote bulaan kaffaluu hindandeenye itti muruun qabeenya ummatichaa saamaa akka jiran agarsiisa. Sababa gibira kaffaluu dadhabuu kanaan har'as abbaan lafaa maqaa abbaa qabeenyaa jedhu baafachuun caasaa mootummaa waliin ta'uun lafa qotebulaa irraa saamaa jirachuu agarsiisa.</i></p>	<p>Article History: Received: 28-07-2023 Revised: 20-09-2023 Accepted: 19-11-2023</p> <hr/> <p>Jechoota Ijoo: ergaa, geerarsa dinagdee, Oromoo Maccaa, qorannoo sanyabsaa, yaadiddama haalaa</p> <hr/> <p>*Qorataa Muummee: Dajanee Galataa</p> <hr/> <p>E-mail: dararaabera@gmail.com</p>

Seensa

Qorannoon fookloorii dhiyaatinaa mataa isaa kan qabu ta'ee waa'e hawaasaafi beekumsa isaa mana barnootaatti hin baratamne, muuxannoo inni kallattii adda addaan horateefi aartii inni yaada isa kana ittiin ibsatu agarsiisuu danda'a (Sims & Stephens, 2005). Kanaaf, qorannoo kun geerarsi Oromoo Maccaa hangam seenaa ummatichaa ibsuu akka danda'u, Oromoon geerarsaan jiruufi jireenya har'a jiraatu kana akkamiin akka ibsuufi hawwiin inni egeree isaaf qabu maal akka fakkaatu qorachuun xiyyeeffannoo qorannoo kanaati.

Afoola Afirika muraasa kan akka hibboo, mammaaksaafi durdurii malee afwalaloon xiyyeeffannoo hin arganne. Isaan kunuu kan hawaasa Afrikaa dhihaa qofarratti akka xiyyeefataniifi kan hawaasa Afirika biroo akka xiyyeeffannoo hin argatiin (Finnegan 2012) ibsite.

Qorannoon fookiloorii Afrikaa irratti erga dalagamuu eegales, kan Itoophiyaa irratti muraasa malee akka hindalagamaniifi fookiloorii Itoophiyaa jedhamanii muraasni hojjetaman fookilooriifi afoola Oromoo akka hinxiyyeeffanne (Asafaan 2015) ibsee jira. Yaada barreessitoota kanaarraa qorannoon fookiloorii Afirika dagatamee akka ture, Kan Afirika keessaa kan Itoophiyaa ammoo kan biyyoota biroon yoo walbira qabnee ilaalle akka xiyyeeffannoo hinarganne agarsiisa.

Kana malees, qorannoowwan geerarsa irratti hojjetaman muraasa, isaan jiran kunuu dhimmoota Oromoon Maccaa geerarsaan ibsatu qabiyyee isaa, haalaafi ijaarsaa geerarsaa hanga qorataan kun sakatta'e namni qorate hinjiru. Gooroowwan afoola Oromoo

garaagaraa irratti sadarkaa barnootaa 'PhD'n Afaan Ingiliziin qorannoowwan geggeeffaman nijiru.

Qorannoowwan armaan olitti eeraman kanniin haala geerarsi keessatti geeraramu, yoomiifi eessatti eenyuun akka geeraramu, raawwii geeraraafi hirmaattonni agarsiisaan irratti hanga qorataan sakatta'e namni qorate hinjiru. Kanaafuu kaayyoon gooroo qorannoo kanaa ergaa geerarsa dinagdee Oromoo Maccaa qorachuu yoo ta'u, kunis qabiyyee geerarsa dinagdee Oromoo Maccaa qorachuufi ergaa isaa xiinxaluudha.

Sakattaa Barruu Walfakkii

Kutaa kana keessatti yaada hayyootaafi qorattoota fookloorii garaagaraa qorannoo kana waliin firoomina qabantu sakkata'ame. Hojiiwwan isaanii sakatta'aman kunis kitaabilee garaagaraa, qorannoowwaniifi joornaalota maxxanfamanidha.

Fookilooriin daawwitii aadaa dhimmoota xiyyeeffannoo addaa barbaadan deddeebi'ee mul'isudha. Hayyootni fookiloorii ammayyaa garee hawaasaa(folk) kan jedhamu garee namootaa kan waan wal isaan fakkeessu tokko kan waliin qaban kamiyyuu, fakkeenyaaf amantii, hojii, eenyummaa, naannoo jireenyaafi kkf ta'uu danda'a (Dundes, 1965) yaada jedhu qaba. Yaada kana Sims & Stephens, (2005) Fookiloorii ummata baadiyyaa qofa osoo hintaane ummata magaalaa, miseensota maatiifi garee hojjetoota hojii walfakkaataa hojjetan birattis kan argamu ta'ee waa'e hawaasaafi akkaataa hawaasni sun waa itti baratu, eenyummaafi ilaalcha inni adunyaa naannoo isaa jiruuf qabu

Dajanee G fi kb

hubachuuf kan nugargaaru ta'ee sonaalee, barteewwan hawaasaa, akkaataa hawaasni sun itti yaaduufi amala inni agarsiisu hammata. Kunis waliigaltee alidilee jechaan (dubbiifi barreeffamaan), duudhaalee hawaasaa (amalaafi raawwiin)fi meeshaalee aadaan argamuu danda'a jechuun mormu.

Ibsi Dundes, Sims fi Stephens kunniin 'folk' garee hawaasaa baadiyyaafi barnoota ammayyaa hinqabne qofa osoo hintaane garee hawaasaa barate, hawaasa magaalaa jiraatu, garee amantaa, hojiifi kan biroon illee walfakakatu kamuu wal caaluyyuu fookiloorii qabaachuu danda'u yaada jedhu qabu. Kana malaees, akka ibsa (Sims & Stephens)tti fookilooriin dubbii afaaniifi barreeffamaan dhiyaachuu akka danda'u, akkaataan hawaasni tokko itti yaadu, amalliifi gochoonni inni agarsiisu fookiloorii ta'uu danda'a yaada jedhu qabu.

Afoolli oguma hinbarreeffamiin kan afaaniin daddarbu jiruufi jireenya hawaasaa keessatti baratamaa, kan ta'eedha (Finnegan, 1992). Asafaan (2009) afoolli kuusaa beekumsaa, seenaa, duudhaa, aadaa, ilaalcha, falaasama, amantii, ogumafi siyaasa madda yookiin mala dhalootaaf ol itti kaayataniidha.

Jeylan (2005) afoolli Afirika gaaffii aangoo hawaasa keessatti calaqqisu, mormii namoonni dhuunfaafi gareen hawaasaa rakkoo gama hawaasummaafi siyaasaan qaban ittiin ibsachuuf gargaara jedha. Haata'u malee, walmorkii geerarsa keessa jiru kana ilaalchisee geerarsa irratti ragaalee hindhiyeessine. Kanaaf, qorannoo kana keessatti walmorkiin akkamii akka geggeeffamu, qabiyyeen walmorkii kanaa maal akka ta'e, hirmaattonni raawwii akkamii akka agarsiisan, akkaataa geerarsa walharkaa

Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 60-72
itti fudhatan ittiin eegalaniifi xumuraman, waldhabdee geerarsa keessatti ka'uu maluufi haala itti furamu qorachuu barbaachisa.

Finnegan (2012) ammoo akkuma hawaasni barate fiilmiin hawaasa bashannansiisu, qajeelchuufi barsiisu afwalaloon hawaasa hinbaratiin birattis ga'ee walfakkaataa qaba jetti. Haata'u malee, afwalaloon hawaasa hinbaratiin qofa osoo hintaane, hawaasa barates bashannansiisuufi barsiisuu danda'a. Akkasumas, afwalaloon dhimmoota jiruufi jireenya ummataa Oromoo yeroo ammaafi darbee kaasuu hawaasa sana jajjabeessuufi qajeelchuu danda'a (Assefa, 2003). Sirbi dhimmoota yeroo ammaa kanneen akka dhiibbaa siyaasaafi piropogaandaa irratti gabaasaafi yaada kennuun dhiibbaa gochuuf faayidaa olaanaa qaba (Finnegan, 1970).

Geerarsi ammoo damee afwalaloo keessaa isa dheeraa waan ta'eef dhimmoota hawaasummaa adda addaa ibsuufi eenyummaa dagatame yaadachiisuuf humna guddaa qabu seenaa kaleessa dabarse, jiruufi jireenya har'a jiraatuufi hawwii egeree ittiin ibsatudha (Isheetee, 2008). Finnegan (2012) akka ibsitetti, geerarsi Oromoo gareen wallole lama, bifa walmorkiin kan osoo dirree lolaa hinga'iin gosti tokko gosa biraa ittiin qeequ, geerarsaan natuu caalaa baannatuufi diina ittiin arrabsudha. Geeraraan dugda fardaarra taa'ee ariitiin sochii adda addaa agarsiisaa geerara. Akka yaada kanaatti geerarsa garee wal dhabe lamatu hirmaattota garee ofii ittin jajjabeessuun amilee walitti horuuf fayyadama.

Geerarsi miiraafi fedhii ofii gad fagoo, yeroo baay'ee gammadan ykn yeroo baay'ee aaran kan ittiin ibsataniidha. Geerarsi jabduufi

Dajanee G fi kb

milkaa'ina argatan, injifannoo argatan, yookaan ammoo dhama'anii milkaa'uu dhabuu, dhugaa ofii sarbamu, diinaan miidhamuufi madaa keessa ofii ittiin himatu. Geerarsi xiiqiin akka nama qabu gochuullee kan danda'u ta'ee gosa sirbaati. Garuu, sirba callisanii dhiichisan miti" jedha. Yaada kanarraa geerarsi gooroo afoolaa amala walaloo qabuufi gootummaa/cimina/ waliin walqabate ta'uu hubanna. Yaada kana ilaalchisee Finnegan (1970) yeroo ibsitu, "poetry about both hunting and war seems to involve the same ideas of romance and glory. Some times the same genres of poetry is even used to deal with both like the [Oromo] gheraera or boost, universal among warriors and hunters" jetti. Yaada kanarraas afwalaloon adamoofi lolaa dhimmi isaa kabajaafi jaalalaa akka ta'eefi yeroo tokko tokko ammoo afwalaloon tokkichi adamoofi lolaafis akka gargaaru ibsee, kanaaf fakkeenyi gaariin geerarsa Oromoo akka ta'e agarsiifte. Asafaan (1997) ammoo, geerarsi kan namichi waa jabduu dalage ittiin baannatu, animoosaa himatu, kan ittiin dhaadatu. Faarsaan ammoo namicha waa gaarii dalage takka fkn goota maqaa dhahanii geerarsaan farfatan jedha.

Yaadni kunis geerarsi tokko kan namoonni lolaan ykn hojiin, cimina isaanii ittiin himatan yoo ta'u kan lammaffaa immoo namoota waan gaarii dalagan yookaan gosa ofii kan ittiin farfatan ta'uu hubanna. Kana malees, geeraraan geerarsaan lammiisaa, haadhaafi abbaasaa fedhi, hawwii, dhibee, komee, gaddaafi gammachuusaa ibsata.

Mala Qorannoo

Gosti qorannoo kanaa qorannoo sanyabsaa ijaaraaa |(Constructivist ethnography) kan

Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 60-72
adaa hawaasaa qoratudha. Qorannoon kun qorannoo aadaa waan ta'eef yoomessa uumamaa keessatti hojjetama. Kanaaf malli iddatteessuu mala iyyaafannoo(snowballing) fayyadamuun ragaaleen qorannoo kanaa Aanaa Jimmaa Gannatii Ganda Adileeqaa Tulluu Caalii irraa funaaname.

Ragaaleen qorannoo kanaa madda ragaalee tokkoffaa waan ta'aniif maloota funaansa ragaalee dawwannaa, afgaaffiifi marii gareen funaaname. Qorannoo aadaa geggeessuu keessatti maloota funaansa ragaaleen keessaa filatamaafi qorattoonni hedduun dhimma itti ba'an daawwannaadha

Malli funaasa ragaalee qorannoo kana keessatti dhimma itti ba'ame inni 2ffaan afgaaffiidha. Afgaaffiin tooftaa funaansa ragaalee keessaa tokko ta'ee dhimma odeeffachuu barbaannu tokko irratti gaaffii afaanii qopheessuun ragaalee walitti qabachuudha. Bu'uuruma kanaan afgaaffii garee yoon dawwannaa geggeessuun gidduu gidduutti dhimmota ifaa hintaane adda baafachuuf kan hojiirra oole yoo ta'u, afgaaffii gamisa caaseffamoo ammoo namoota geerarsaan beekamoofi namoota daboo irratti geeraruun qooda fudhatan irraa odeeffannoo argachuuf dhimma itti baa'ame. Namoota lakkoofsaan shan ta'an waliin afgaaffiin taasifame.

Qorataan tokko marii gareetti fayyadamee qorqalbii dhokataa, gamisa dhokataafi isa ifaa, akkasumas, duudhaafi aadaa hawaasaa tokko adda baafachuuf gargaara (Creswell, 2007). Qorannoo akkamtaa dhimma aadaa irratti xiyyeeffateef ragaalee funaannachuuf, akkasumas, hubannoo gadi fagoo ta'e argachuuf mariigaree xiyyeeffaannoo meeshaa

Dajanee G fi kb

funaansa ragaalee filatamaadha (Bohnsack, 2004). Bu'uuruma kanaan marii garee Aanaa


Jimmaa Gannatii garee lama kan qabu yoo ta'u garee tokko nama torba, gareen lammataa nama saddeet irratti hirmaate.



Aanaa Jimmaa Gannatiitti

Ragaalee afoolaa yoo qaaccessinu, xiinxalluufi hiiknu mala hafee tokko yeroo inni hurruubame keessatti xiinxaluu (synchronic)fi seenaa darbe (diachronic) waliin xiinxaluun gaarii akka ta'e (Asafaa 2015, Eshete 2008) addeessu. Qorannoo aadaa xiinxaluuf aadaa hawaasichaa, hawaasicha akka waliigalaatti, haala galumsaa, dhugaawwan garagaraa, hubannoofi xiinxala qorataa, mallatummaafi gochoota bakka sanatti raawwataman walitti fidnee xiinxaluun barbaachisaadha (Given 2008).

Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 60-72



Moodelli kun (Given 2008, Eshete, 2008) irraa fooyyefamee kan fudhatamedha.

Kanaafuu geerarsa funaaname mala seenaa, siyaasaafi gochoota hawaasicha keessatti raawwatamanii yaadataman (fkn Lola Kokor, Booji'amuu Abiishee Garbaa), akkasumas haala qabatamaafi yoomessa dhugaa geerarsi sun keessatti raawwatame walitti fiduun qaaccessiifi xiinxalli ragaalee geggeeffame. Ragaaleen malleen kunneeniin walitti qabaman jechootaan dhiyaatanii jechootumaan qaaccessi, xiinxalliifi hiikni kenname waan ta'eef saxaxni qorannoo kanaa mala qulqulleeffataati.

Dajanee G fi kb

Dhi'eessaafi Xiinxala Ragaalee

Mataduree kana jalatti ragaalee funaanaman irratti hundaa'uun ergaa geerarsa dinagdee Oromoo Jimmaa Jaawwii keessatti irradeddeebiin calaqqisantu xiinxalame. Kunis geararsi haalaafi yoomessa keessatti geararame irratti hundaa'ee qabiyyeefi ergaa adda adda qaba. Barruu kun garuu xiyyeeffannoon isaa geararsi Jimmaa Jaawwii dinagdee ilaachisee geararaman xiinxaluun ibsuudha.

Geerarsa Dinagdee

Qabiyyee geerarsa Oromoo Jaawwii Maccaa keessatti dhimmi hojii jabataanii hojjechuun hiyyummaa keessaa ba'uu ragaalee funaanaman keessatti irra deddeebiin ka'eera. Haata'u malee, qorattoonni hedduun geerarsa Oromoo kallattii siyaasaan malee gama dinagdeen xiyyeeffannoo kennanii hinqoranne. Oromoon Jaawwii hiyyummaa diina guddaa mataa namaa gad qabachiiftu jedhee amana. Geeraraan kunis itti fufuun yoo qabaatan namni akka nama jaallatuufi hiyyeessa namuu akka hinjaallanne akkanaa ibse:

*Qabaatan mucaa ta'u
Hunduu nama dhangata
Yoo dhaban budaa ta'u
Hunduu nama tuffata ...*

Geerarsa kana keessatti namni qabeenya qabu mucaa daa'imatti fakkeessamee ibsame. Daa'imni haawaasa Oromoo biratti jaalala guddaa qabdi. Jaalala daa'imaaf qabuuf jecha namni kamuu daa'ima nidhungata. Namni qabeenya qabus akkuma daa'ima kanatti

Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 60-72
jaallatama; kabajaafi ulfina guddaa hawaasa biraa akka qabu mul'isa. Karaa biraatiin geerarsa kana keessatti hiyyeessi budaatti fakkeeffamee ibsame. Budaan hawaasa Oromoo biratti nama yoo ijaan nama ilaale miidhaa namarraan geessisudha. Kanaaf nama budaa ta'e namni kamiyyuu hariiroo gaarii budaa waliin hinqabaatu. Geeraan kunis yoo hiyyooman dinagdeedhaan namaa gad ta'an hawaasa naannoo biratti akka tuffatamaniifi kabaja akka hin arganne agarsiisa. Hiyyummaan kabaja namummaa akka namarraa muulqitu mul'isa. Kanaaf hawaasa Oromoo biratti namni hindalaganne, hojjetee ofiifi maatii hiyyummaa keessaa yoo hinbaafne hariiroo hawaasummaa inni namoota waliin qabu akka badu mul'isa. Geerarsa kanarraa Oromoon maddi jaallatamuufi jibbamuu, kabajamuufi tuffatamuu dinagdee akka ta'eefi namni tokko jabaatee hojjetee hiyyummaa keessaa ba'uuf carraaquu akka qabu geerarsaan dhaamsa waliif dabarsa. Geerarsi itti aanus kanuma cimisa.

*Qotataa haramataa
Beelli marsee dadhabee
Tikfataa obaafataa
Deegni marsee dadhabee*

Geerarsa kana keessaatti qotataa haramataa beelli marsee dadhabee kan jedhu nama qonnaatti cimaa ta'e; qotatee ammoo midhaan sana kan sirnaan aramatu qabeenya akka horatuufi beelli akka hindandeenye agarsiisa. Sarara 2ffaafi 3ffaan ammoo nama loon iddoo margaa tikfatu; loon kun erga marga dheedanii yeroon bishaan obaafatu akka hindeegne agarsiisa. Qotanii facaasuun oomisha gahaa nama hin aragachiisu, kan facaafne sana

haramuun barbaachisaa ta'uu, horiis tiksuu fi bishaan obaasuun barbaachisaa ta'uu agarsiisa Geerarsi kun qotebulaan hojii qonnaa cimee akka hojjetu; midhaan qotee facaase yeroon akka haramatu ergaa guddaa dabarsa. Kana malees deegni carraa osoo hintaane nama hinqotanne, qotatee ammoo yeroon hin haramanne; loon hintiksine; tiksus yeroon bishaan yoo hin obaafne nama hojii qonnaa sirnaan hinhojjennetu hiyyooma, deegayaada jedhu qaba. Kanaafuu namni martuu cimee hojjechuun hiyyummaa keessaa ofbaasu ergaa dabarsa. Namichi hojiitti cimaa ta'emmoo akkanatti geerarsaan ofdhaada.

*Kormeen leenca mitiiree
Ittaan beeka mitiiree
Gindii dabaasaa muruu
Gara jallaasaatti uruu
Ittiin bajjii hunkuruu
Dilbii manatti guuruu*

Geerarsa kana nama ogummaa meeshaalee qonnaa kan akka gindii muruufi uruu danda'utu geerara. Qotebulaan marti qonnaa qotuu nidanda'a, garuu qotebulaan hundi meeshaalee qonnaa qopheeffachuu hindanda'u. Ogummaa meeshaalee qonnaa qopheessuun kun hawaasa keessatti kabaja qotebulaan tokko qabu nidabala. Kanaaf geeraraan kun qonnaa qofaa miti ogummaas dabalaats akka akka qabu ibse.

Akkasumas, meeshaalee qopheeffate kanaan bajjii baasuu akka danda'uufi oomisha gahaa maatii isaaf barbaachisuu ol waan argatuuf dilbii akka kaa'us addeesse. Dilbiin midhaan osoo hin nyaatamiin mana ba'e yookiin ture jechuudha. Geeraraan kunis hojiitti cimaa waan ta'eef dilbii baay'ee akka

kaa'e; kanaaf ammoo meeshaalee qonnaa yeroon qopheeffachuufi lafa bajjii qotuu akka feesisu aagarsiisa. Bajjiin lafa qonnaa dhiyootti qotamee hinbeeknedha. Kanaaf geerarsi kun meeshaalee qonnaa qopheeffachuun hojii qonnaa cimanaii hojjechuun madda dinadee akka ta'e mul'isa. Inni hojjetee hinmilkaa'iin ammoo akkas jechuun ergaa isaa dabarfata.

*Ilmi abbaa caale karraa
Ilmi abbaa hankaake farraa
Aanaan maaltu farrise
Kanin iddookee hanqisee*

Geerarsa akkanaa nama abbaan isaa sooressa beekamaa ta'ee ilmi ammoo hiyyeessa ta'etu akkanaa geerara. Ilmi abbaa caale karra jechuun ilmi jabaan ofirra darbee maatiifi fira maqaa waamsisuu danda'a. Ilmi abbaa hanqate ammoo farra, safuudha maqaa abbaa baleessa yaada jedhua qaba. geeraraan kun aanaan muultuu farrisee kanaan akkakee sooromuu dinagdeedhaan fooyya'uu dadahabe jechuun aariifi gaabbii keessa isaa jiru ibsata, Kanaaf hiyyummaafi salphina kana keesaa ba'uuf kutannoo akka qabu mul'aisa. Kanaafuu geerarsa kana keessattis geeraraan kun ani ilma abbaa caalu osoo hintaane ilma abbaa hanqaaqe jechuun oftuffata. Ilmi abbaa hankaake ammoo farra jechuun jabaatee hojjetee abbaa caaluu akka qabu gara fuulduraa hojjetee hiyyummaa ba'uuf akeeka qabu agarsiisa.

*Gaafattii gaafa Sanaa
Gadi jedheen marqaa tolchee
Oli jedheen dafqa cobsee
Xop godheen imimmaan cobsee
Irraan gadeen bareedduu*

Dajanee G fi kb

*Luka namaa qallisaa
Saalixiin qarxiin tokkoo
Ilma namaa fayyisaa*

Geeraraan kun hiyyoomee gammoojjii bareedduu kan Wallagga Bahaa aana Limmuutti argamu deemee rakkina bakka sana jiru ibsuu yaale. Oromoo Maccaa biratti dhiirri nyaata bilcheessuu beekamaa miti. Geeraraan kun ammoo Gammoojjii bu'ee marqaa marqatee ofiin of jiraachisaa akka ture, marqaa tolchuun itti ulfaatee dafqa akka cobse agarsiisa. Deemsi karaa gammoojjii bareedduu kun dadhabsiisaa akka ta'e saalixii qarxiin tokko jireenya hiyyeessaa akka fooyyessu agarsiisa. Geeraraan jabaatee hojjatee hiyyummaa kana keessa ba'uuf rakkinoota adda addaa argaa akka jirus akkana ibse:

*Maalankoore mucaankee
Iddoo dhaladhee hin teenyee
Iddoo garaakoo hingenyee
Tussoo baala boloqqee
Nyaadheera gaafa bakkee
Qiixxaa baala waleensuu
Maali isheenuu wal hingenyee*

Geerarsa kana keessatti maalan koore kan jedhu maalan balleesse? jechuun balleessaa akka hinqabne hojii dhiisee dhibaa'ee akka hinbeekne agarsiisa. Dhalatee hanga of beeku akka ofjijjiiruuf carraaqaa akka jiru addeesse. Hiyyummaa kana keessaa ba'uuf gammoojjii deemee tussoo nyaate hojii hojjechaa akka tures agarsiisa. Tussoo baalaan maranii daaraa ibidda qabu keessatti tolchu. Tussoon nyaataa ijoollee qiixxaa yookiin daabboo fakkaatu kan daaraa keessatti bilchaatuudha. Tussoo nyaata ijoollee isheenuu xiqqoo kana nyaatee

Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 60-72
ofjijjiiruuf xaaraa akka jiruufi hiyyummaa keessaa ba'uuf abdiin akka qabu agarsiisa. Namni ijoolummaan hojjetee hinjjiiramiin, gaafa humna qabu hojjechuu dhabuu isaa akkas jechuun gaabbiin geerara.

*Boqolloon birraa dhufaa
Baaduun arfaasaa dhufaa
Humni ganama dhumaa
Qalbiin galgala dhufaa
Eessa abbaakootiin
Walitti fideen ilaalaa?*

Geerarsa kana nama ijoolummaa isaatti hojjetee of hinjijjiiriintu bifa gaabbiin geerara. Oromoo Maccaa keessayyuu Wallaggaafi Iluutti gosti midhaanii boqolloo baay'ee nyaatama. Boqolloon kun caamsaafi waxabajjii faca'ee gaafa gubaa Masqalaa tuttufama. Tuttufama jechuun gaafa asheetni boqolloo yeroo duraaf ayyama maatiin nyaatamu jechuudha. Ijoolleen eegdu guyya kana dursitees dhoksaan nyaachuu dandeessi. Boqolloon mooyyeetti tumamee lenqexamee biddeena ta'a. Biddeenni boqolloo kun baaduudhaan yoo nyaatme baay'ee miya'a. Saani ammoo baay'inaan kan dhalu, ameessi aannan kan qabaattu arfaasaadha. Sababa kanaa Biddeenni boqolloo baaduun baay'ee miyaa'us uumamaan yeroon isaan dhufan wal faallaa waan ta'eef ittiin nyaachuuf hinmilkoofne. Akkuma kanaa geeraraan kun humni ganama, qalbiin galgala dhufa waan ta'eefan hinmilkaa'iin hafe yaada jedhu qaba. Milkaa'uu dhabuu isaaf ganama jechuun yeroo ijoolummaa humna qabutti qalbiin waan hinqabneef akka hinhojjetiin hafe ibsa. Galgala jechuun gaafa dullumaa yaadaafi

Dajanee G fi kb

qalbii gaafa horatu ammoo humni sun akka dhumatteefi sababa kanaa akka hiyyoomee hafe geerarsaan garasiisa. Kunimmoo ijoollee humna qabaatanii qalbii hinqabneef barumsa guddaa ta'a. Kanaaf namni ijoollummaatti xaaruu, dadhabuufi carraaquu qaba. Yoo ijoollummaatti hinhojjetiin maatii horatan rakkoof saaxilamu yaada jedhu qaba.

Jireenya maalii jirraa

Kan qotne namaaf hirraa

Dinnichaaf buqqeen jirraa

Masaanuu dhaddee jirraa

Geerarsa kana keessatti Oromoon Maccaa jireenya maalii jirra? Jechuun jireenya gaarii akka jiraachaa hinjirre, jiruufi jireenyi keessa jiran akka jibban kan agarsiisudha. Hawaasni kun maaf jireenya jiraachaa jiru akka maaf jibbe yaada jedhuuf geerarsi kun mataan isaa deebii qaba. Kan qotne namoota hinqotiiniif qoodnee dinnichaaf buqqee nyaannee jiraachaa jirra yaada jedhu qaba. Dinnichaafi buqqeen gosa nyaata namni hiyyeessa ta'e nyaatudha. Kanaaf kan qonne namaaf kenninee nyaata tuffatamaa kana nyaannee jiraachaa jirra yaada jedhu qaba. Bo'oo dhumaarra kan jiru 'masaanuu dhaddee jirraa' kan jedhu dhaddeen dinnichaaf buqqee jaallatti. Ummanni qabeenya isaa hormaaf qoodee nyaata hiyyeessaa dinnichaaf buqqee soorataniis jiraatu. Dinnichaafi buqqee kanayyuu ammoo kan harkatti qabdu ollaa dhaddeen waan jiraniif jireenya gadadoo, jireenya jibbisiisaa jiraachuu isaanii agarsiisa.

Oromoon namni kamuu hojii hojjetee jijjiiramuu, ofjijjiiruufi milkaa'uu danda'a jedhee amana. Waaqni nama hojii hinhojjenneef manatti milkaa'ina hinfidu jedhee amana.

Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 60-72

Tuttuulanii fe'anii gaariirraa jallatuuree

Tuttuulamani taa'anii, Waaqa komatuuree

Waaqni gaangoodharee

Baatee namaaf fidaaree

Fidee namaaf hiraaree

Oromoon Maccaa namni harkaafi miila qabu sooressa. Qabeenya qabeenya caalu fayyaadha jedhanii amanu. Kunis Waaqni akka ittiin demtuuf miila, akka ittiin hojjetuuf harka erga kenne namni xaaree dhama'ee milkaa'uu danda'a jedhanii yaadu. Waaqni akka qabeenya, mirgaafi milkaa'ina namaaf kennu eeguun dogoggora yaada jedhu qaba. Geerarsi itti aanu kunis namni humna qabu kadhaafi gargaarsaa eenyuy iyuu osoo hin eegiin hojjetee jijjiiramuu akka danda'u geerarsaan akkanatti ibsa:

Foon maddii na qoorekaa

Handaaqqoo guutuu biluu

Saalaan lafa danqaraa

Humnakoo guutuu jiruu

Maaluu nama gabbaraa

Geerarsi kunis namni humna qabu, keessaayyuu dargaggeessi hojjetee ofjijjiiruu danda'u hiyyumee gadadoof, rakkinaaf harka kennuu hinqabu. Hiyyummaan dhaloota miti namni jabaatee hojjetee rakkina keessaa niba'a. Kanaaf osoo humna qabduu nama kadhachuu, sooressa jala sholachuun hinbarbaachisu, cichanii hojjennaan nama kamiifuu nidarba jechuun sooressa hiyyeessa ergatuufi tuffatu ittiin qeeqa. Geeraraan kunis hiyyummaa keessaa ba'uuf biyyaa omisha hinkennine gadhiisee gammoojjii akka bu'e, achitti

Dajanee G fi kb

huqqatee foon maddii isaa irraa akka dhume addeesse. Oromoo Maccaa biratti namni harka qallatee jireenyi itti ulfaate fuudhee maatii horachuurra biyyaa baduun jireenya hiyyummaa keessaa ba'uuf carraaqa. Keessayyuu naannoo Wallaga Bahaafi Horro Guduruu Wallaggaa keessa gammoojjiwwan nuugiifi Saalixii baasan waan jiraniif dargaggeessi achi deemuun qixxee fuudhee qotuun hiyyummaa keessaa ofbaasa. Gammoojjiin bua'nii namarraa fuudhanii qotuun akka mana abbaafi haadhaa namatti hintolu. Beelaafi dheebuus qabaachuu danda'a. Gammoojjiin busaas waan qabuuf dhukkubsachuufi du'uunis jiraachuu danda'a. Kana hunda obseefi danda'ee namni hojjetee ofjijjiiru hawaasa keessatti kabaja olaanaa qaba. Kanaaf namni akkana cimee hojjetus hawaasa biraa kabaja olaanaa qaba. Keessayyuu dargaggeessi maatii hiyyeessa keessaa dhalatee hojjetee maatiifi ofiillee hiyyummaa keessaa ba'e hawaasa biratti kabajaafi ulfina olaanaa qaba. Namni, keessaayyuu dargaggeessi hojii hinhojjenne, adeemtee gabaa dhaabbattu, araqqe dhugdu hawaasni naannoo biratti nituffatama. Nama hinxaarrannetti namni durba hinheerumsiiisu, durbuu qabdoo hindhungattu.

Hawwii qabeenya horachuu Oromoon Maccaa jiruu gara fuulduraa jiraachuu hawwu, abdi egereefi waan milkeessuu yaadu, hiyyummaa keessaa ba'uun fuulduratti waan argachuu barbaadu, bakka isaaf maluufi jireenya gara fuulduraa jiraachuu fedhus geerarsaan ibsata.

*Ilaalikkaa abaabbikoo
Maalfaa yaadda naan jedhuu
Maalfaan yaaduu dhiisaaree?
Maalan geessifadheree*

Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 60-72

Ilaalikkaa abbabaakoo jechuun akka seensa geerarsaatti, dubbii ittiin eegaluuf malee dhimma kana abbaa isaaf seenessa jechuun miti. Geeraraa kana namootni naannoo maalfaa yaadda? jechuun yaaduufi yaadda'uu hinqabdu miira jedhu akka isaaf qaban ibse. Bo'oon 3ffaa wantootni geeraraan kun yaadu, milkaa'inni fuulduraaf eegu baay'eedha, waanuman milkeesse waanuman argadheyuu hinqabu yaada jedhu qaba. Itti fufuun wantoota argachuuf hawwu akkana ibse:

*Qotiyyoo gooba toluu
Ari'ee camadachuu
Ammeessa gurruu qabuu
Dubartiin elemfachuu
Kana yaada garaanii
Itti haa baasu karaanii*

Geerarsa kana qotebulaa hormaanni horii qajeeluufi didee hiyyoometu geerara. Oromoon Maccaa dhibbeentaan guddaa hojii qonnaan bula. Lafa qonnaa qotiyyoon qotee midhaan oomisha. Namni qotiyyoo qabu qotee ofiifi maatii isaas hiyyummaa baasa. Namni qotee midhaan maatii sana waggaa tokkoof tursiisu oomishuu hindandeenye maatiin waan nyaatan dhabuun waan rakkatuuf qotiyyeen jiruufi jireenya ummata qonnaan jiraatuuf barbaachisaadha Qotiyyootti aanee dubartiin ammeessa gurruu qabu kan aannan baay'ee ba'u elenfachuu akka hawwu, akka barbaadu ibse.

Oromoon Maccaa cubatni inni buddeena ittiin nyaatu baaduudha. Baaduu kana dubartiin aannan itite raastee baaduu baastee isa itichitee bideenattii naqanii dadhaan mi'eessanii nyaatu. Maatiin ameessa hinqabne cubatni ittiin nyaatan ganamaafi

galgala yaaddoodha. Kanaaf qotiyyoo ittiin qotataniifi ameessa elfamatan horachuuf hawwiifi fedhii guddaa qabu. Qotiyyoon Oromoon namni qotiyyoo ittiin qotatuufi ameessa elmatu hinqabne hiyyeessa jedhee amana.

Nama hiyyoome ammoo hawaasni naannoo waan tuufatuuf qotebulaan Maccaa qotiyyoofi ameessa horachuuf hawwiifi fedhii olaanaa qabu. Qotiyyoofi ameessatti malee wantoota biroo hawwus geeraraan kun akkanatti ibse. Hawwiiisa kana galmaan ga'achuuf maatiin isaa danqaa itti ta'uu akkana jechuun abbaa isaa komate.

*Ilmi abbaan sooressaa
Dabaraafi kobbee bitee
Jedhi baradhu jedhee
Ilmi abbaan hiyyeessaa
Maarashaafi qonyee bitee
Jedhi amma qoti jedhe
Maarashaan lafa hinlixuu
Qonyeen lafa tumataa
Garaan nama gubataa*

Geeraraan kun hiriyoonni isaa ijoollee sooressaati; inni ammoo ilma maatiin hiyyeessaa waan ta'eef barnoota barachuuf fedhii guddaa osoo qabuu barachuu hindandeenye. Hiriyootni isaa maatiin barruuleefi qalama bitanii gara mana barnootaatti yoo ergan maatiin isaammoo meeshaalee qonnaa marashaafi qonyee bitee fedhii isaa malee akka qonnaa qotu taasifamuu isaa agarsiisa. Geeraraan kun fedhii isaas ta'uu baatu abbaa isaa garaa ciibsuuf jecha qonnaa qotuu eegalees baay'ee waan aareef marashaafi qonyeen lafa seenuu jechuun hojii sanas akka dhimma hinbaasiin yookiin itti

hinmilkaa'iin agarsiisa. Oromoon garaati nagubate jedha malee onneetu nagubate hinjedhu. Akka Oromooti kan waajibbu, jaallatu, yaadatu, dagatu sammuu yookiin onnee osoo hintaane garaadha. Oromoon garaa koo irraan sijaalladha jedha malee onnee koo irraa sijaalladha hinjedhu. Kanaaf garaan nama gubata' kan jedhu hiyyummaan akka barnoota hinbaranne danqaa itti ta'uufi barnoota barachuu dhabuu isaatti baay'ee aaruu isaa mul'isa. Geerarsa kanaarraa maatiin ijoollee isaa barsiisu maatii sooressaa akka ta'e; maatiin hiyyeessaa har'as barnoota argachaa akka hinjirre agarsiisa.

Goolaba

Qorannoo kana keessatti dargaggeessi tokko osoo hinfuudhiin dinagdeedhaan ofdanda'uun akka barbaachisu, kunis dura mana keessa jiraatu ijaarrachuu, midhaan yoo maatii horatu nyaatan olkaa'uufi ogummaa qonnaa qabaachuu akka qabu agarsiisa. Akkasumas, nama hojiitti cimaa hintaaneefi hiyyummaa injifachuu hindandeenye hawaasni waliin jiraatuu akka tuffatamu mul'isa. Kana malees hiyyummaan carraa osoo hintaane hojjechuu dhabuu irraa akka dhufuufi namni hojjetee kamuu hiyyummaa keessaa ba'uun akka danda'amu agarsiisa. Dabalataanis namoonni dinagdeen ciccimoo ta'an akkamiin hojjetanii akka sooroman; hojjiwwan hojjetee milkaa'eefi tooftaa ittiin milkaa'e ykn yoo hinmilkaa'iin akkamiin akka milkaa'uu dhabe xiinxala isaa dhiyeessa

Geeraraan cimnoota, gootummaafi beekantummaa warraafi sanyii isaa irraa akka dhaale dhaggeeffattoota amansiisa. Geeraraan cimnoota warra irraa dhaale kanaan hiyyummaafi rakkina keessaa akkamiin akka

Dajanee G fi kb

ba'e, hojiiwwan hojjetee milkaa'eefi tooftaa ittiin milkaa'e ykn yoo hinmilkaa'iin akkamiin akka milkaa'uu dhabe xiinxala isaa dhiyeessa. Kana malees, Oromoon Maccaa dur callaa galchee waggaa guutuu nyaatee irraa hafee dilbii kaa'uu erga bulchiinsa Mootota Itoophiyaa jalatti buluu eegalee akka hiyyoome agarsiisa. Kunis abbootiin lafaa qate bulaa harkaa lafa fudhachuu, sangaa ofiin laficha qotee isaaniif galchuu, lafuma isaatti horii qottee lakkaa'uun kaffalchiisuu, abbootii lafaa malee qotebulaan farda akka hin yaabbnne dhorkuun lafaafi qabeenya Oromoo akka saaman agarsiisa.

Kanarraa kan ka'e, Oromoon hiyyummaafi gadadoof akka saaxilame; hiyyummaan kabaja namummaa kan namarraa muulqutu diina guddaa ilma namaa akka taateefi Oromoonis sababa hiyyummaa kabajaafi ulfina dhabee qe'ee isaatti salphatee jiraachaa akka jiru agarsiisa. Hiyyummaafi salphina kana keessaa kan ba'uu danda'u ammoo Waaqa kadhatee osoo hintaane ciminaafi tattaaffii dhuunfaafi hawaasa sanaani. Maccaas lafaafi qabeenya isaa abbootii lafaan saamame Oromoo kutaa adda addaa waliin ta'uun bara 1974 deebisee lafa ofii dhuunfate. Lafa akaakileen abaabileen aarsaa guddaa itti kaffalanii abbootii dhaalchisan; abbootiin ijoollee isaanii daddabarsaa har'a geessisan bulchiinsi yeroo ammaas gibira qote bulaan kaffaluu hindandeenye itti muruun qabeenya ummatichaa saamaa akka jiran agarsiisa. Sababa gibira kaffaluu dadhabuu kanaan har'as abbaan lafaa maqaa abbaa qabeenyaa jedhu baafachuun caasaa mootummaa waliin ta'uun lafa qotebulaa irraa samaa jirachuu agarsiisa.

Jor. Dil. Qor. Adoolessaa-Mudddee 2023, 1(2), 60-72

Wabilee

- Assefa Tefera (2003). *Towards A Political Sociology of Oromo Literature: Jaarsoo Waaqoo Poetry*. (Unpublished Thesis), Addis Ababa: Addis Ababa University.
- Assefa Tefera (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far-EastTrading.
- Assefa Tefera (2015). *Ethnography Of Resistance Poetics Power And Authority In Salale Oromo Folklore And Resistance Culture*. (Unpublished PhD Thesis), Indiana University.
- Bohnsack, R. (2004). *Group Discussion and Focus Groups*. In U. Flick, E. v. Kardorff and I. Steinke (edition), *A Companion to Qualitative Research*. London: SAGE Publications.
- Creswell, J. W. (2007). *Qualitative Inquiry and Research Design: Choosing Among Five Approaches* (3rd edition). Thousand Oaks, CA: Sage.
- Creswell, J. W (2012). *Educational Research: Planning, Conducting and Evaluating Quantitative and Qualitative Research*. New York: Pearson Education, Inc. Retrieved 24/01/2012 from www.pearsonhighered.com.
- Dundes, A. (1965). *The Study of Folklore*. Englewood Cliffs: Prentice Hall, Inc.
- Eshete Gemedo (2008). *African Egalitarian Values and Indigenous Genres: The Functional and Contextual Studies of Oromo Oral Literature in a Contemporary Perspective*. Norway: Syddansk Universitet.
- Finnegan, R. (1970). *Oral literature in Africa*. Oxford: Clarendon Press.
- Finnegan, R. (1992). *Oral Tradition and Verbal Arts*. London: Routledge.

- Finnegan, R. (2012). *Oral literature in Africa*: World Oral Literature Series. UK: Open. Cambridge: Open Book Publishers CIC Ltd. Retrieved 06/01/2013 from <http://creativecommons.org/licenses/by/3.0>.
- Given, M. L. (2008). *The SAGE Encyclopedia of Qualitative RESEARCH METHODS*. London: SAGE Publications, Inc.
- Jeylan, W. Hussein (2005). *The Functions Of African Oral Arts: The Arsi-Oromo Oral Arts in Focus*. African Study Monographs, 15-58.
- Sims, M. C. & Stephens, M. (2005). *Living Folklore: An Introduction to Study of People and their Tradition*. Logan:: Utah State University Press.